Jamaala jechuun bareedaa jechuu yoo tahu, moggaasa H/Ibraahim Dhaamoleeti.

Waahee kitaaba Rabii'ulquluub

Kitaabni Abbaan isa barreesse hin beekkame kan namni "Sayyid Mahdii" jedhamu biyya Misrii keessatti maxxansiise jedhamee yaaddamu tokko kan gara muuda Sh/Huseenitti nama yaamuu, kan muuda baqqaasisu *"Rabii'ul-Quluub fi-zikri manaaqibi wo fadaa'ili Sh/Huseen"* (ربيع القلوب في ذكر مناقب وفضائل شيخ حسين)[96] jedhamu, namni isa barreesse ragaa matama isaa irraa kaasee barreesseedha. Barreessaan kitaaba kanaa Sh/Huseeniin Abbaa 13 irratti Aqiil Ibnu Abii Xaalibitti galchuun gosa Rasuulaa (S A W) Qureeysha keessatti laakkahee jira. Akka asiin gadii kanatti:

Sh/Huseen Ibnu Ibraahiim, Ibnu Abdallaah, Ibnu Abuu Bakar, Ibnu Umar, Ibnu Yahyaa, Ibnu Idriis, Ibnu Iisaa, Ibnu Daawud, Ibnu Abbaas, Ibnu Abii Bakar, Ibnu Aabid, Ibnu Aqiil, Ibnu Abii Xaalib (Abbeeraa Rasuulaati s.a.w).[97]

Akkasuma kitaaba kana keessatti wontoota shari'aa Islaamaatiin wolfaallessus heddutu dubbatamee jira Mee garima garii keessa isiniif baha:

- ***Sh/Huseen gaara namatti jige nama irraa ol-qabuu dandahuu isaa:*** namni **Soof Umar** jedhamu (darasaa /barata isaa kan ture) akkana jedhe: *"guyyaa tokko osoo laga **Waabee** keessatti Rabbiin gabbaru dhagaan guddaan tokko gaara gubbaa natti gad kokolaattee narra bu'uu geennaan,, ya Rabbi narraa olqabi jedhee kadhadhe, narraa hin dhaabanne, ya Rasuul narraa*

[96] Hiikkaan maqaa Kitaaba kanaa: "Jiisaa qalbii waahee sadarkaa Sh/Huseen dubbatuu keessatti" jechuudha.

[97] Rabii'ul-quluub p:70

olqabi dhagaa tana jedhee kadhadhe narraa hin dhaabanne, yaa Sh/Huseen narraa olqabi jedhee kadhannaan yeroma san Sh/Huseen jidduu kiyyaa fi kan dhagaa sanii seenee narraa deebise. Booda Sh/Huseen natti dhufanii waahee kana itti himnaan akkana naan jedhe: *"Rabbiin sirraa dhoorguu osomaa dandahu sadarkaa Sheeka keetii sitti muldhisuu barbaadeeti kana godhe"* naan jedhe".[98]

- ***Sh/Huseeniin Nabiyyitti fakkeessuu:*** Sheekh Huseen ji'a 4 *wuduu'a* tokkoon walitti dhaabanii salaataa turan. Woggoota 7 gaara keessatti Ibaadaa irra turan. Waggoota sanneen keessaa ji'a 4 *sujuuda* irra osoo ol hin jedhin turan. Isaan sujuuda irraa oljechuu dinnaan Samii irraa itti lallabanii " *Yaa Huseen mataa kee olqabi Rabbiin ibidda irraa bililsa sigodhe" jedhaniin, didee sujuuduma irra ture. Ammas itti lallabanii "Yaa Huseen mataa kee olkaasi Rabbiin hortee tee ibidda irraa bilisa godhee" jedhaniin.Ammas ima dide.Ammas ittuma lallabanii " Yaa Huseen mataa kee olqabi Rabbiin nama sizayyaree fi nama sizayyare sanis hanga sadarkaa torbaatitti (7) ibidda irraa bilisa godhee"* jedhaniin, kana booda Sh/Huseen mataa isaa sujuuda irraa olkaase.[99]
- ***Namni Sheek Huseeniin zayyare Siraaxa bahuun isa irra jiraatuu dhabuu:*** Abbaan kitaaba Rabii'a Sheekh Huseen akkana jedhan jedhe:"*gara kiyya dhufuuf tabba (goodda) Waabeettu jira, namni yeroo ani jiru ykn erga ani du'ee booda ana zayyaruuf tabba tana bahee dhufe siraaxni isarra hin jiru* (guyyaa Qiyaamaa siraaxa irra bahuu isa hin barbaachisu, kanumatu isaaf gaha)".[100]

---

[98] Ibid p:11
[99] Ibid p:20 - 21
[100] Ibid, p:36

- ***Rasuulli (s a w) waahee Sheek Huseenii dhaamuu:*** Soof Umar, Nuurallaah Ahmad (ilma Sh/Huseen) bira dhaqee mee waahee Akaakayyuu kiyyaa(Sh/Huseen) naaf himi jedheenii gaafate. Kan isaaniitii mitii waahee waahee Abal-Qaasim siif himaa mee nadhageeffadhu jedheenii akkanatti himeef: "Abal-Qaasimiin zayyaruuf bira deemnaan dubbii kana naaf hime: "Nabiyyoota 40 dhaqqabe. Xumura irratti kan dhufe Nabi Muhammadi (s a w) naaf dhaame akkana naanjedhe: *"Yaa Abal-Qaasim yoo zamanni akiraa dhufe (Qiyaamaan dhihaatte) namni tokko Huseen kan jedhamu nidhufa, osoo ana booda Nabiyyiin kan jiraatu taatee silaa isatu Nabiyyii taha"* jedhee naaf dhaame jedhe Abal-Qaasim.[101]

Baaroo (zeekkara Fuqraa)

Warroonni Fuqraa[102] jedhamanii beekkaman walaloo weellisantu jira. Inni kunis "Baaroo" jedhamee beekkama. Warri baaroo jedhan kunniin sagalee bareechanii ummata boochisuun mallaqa isaan irraa walitti qabatan.

Akkuma kitaaba asiin olitti dubbatame san keessatti wantootni shari'a Islaama faalleessu hedduun jiru, Baaroo gara garaa tan "Fuqraan" baastus wantoota shirkii (dhoowwaa) tahan hedduu of keessaa qabdi. Fknf:

- *"Bahra Baalee Aabbiyyoo hin galaa nageegessaa*
  Akka hin oolle umrii nadheeressaa".
  Qamni umrii nama dheeressuu danda'u Rabbiin malee ni jiraa?

---

[101] Ibid, p :22-23

[102] Fuqraa jedhamanii warri yaamana: warroota Dhanqee baatan, quluu salaataa harkatti qabatanii fi tasbee mormatti fannifatanii olii gad yaa'uun baaroo baasaniidha. Kadhaaa namaatiin jiraatan malee dalagatii uf hin danda'an. Namoota qalbii lafan sossobanii ykn sodaachisanii waa irraa fudhatan.

- *"Allaamaraam Aaabbiyyoo*
  Bahra ollaa Dadalaa
  Maaltu nubaasa bobaa teessan jalaa"

Kana jechuun Rabbiin bobaa Sh/Huseen jalaa isaan baasuu hin danda'u jechuudha. Kun jecha dogongoraa kan jedhamuu hin qabneedha.

- *"Shillillaa yaa Bahra hoo*
  "Agisnaa" yaa Bahrahoo
  Rabbii keessanii jedhaa
  Koottaatii nalaala hoo".

Jechi "agisnaa" jedhu kun afaan Arabaa yoo tahu; hiikkaan isaa: yaa Sheek Huseen nuu birmadhu (nu tumsi) jechuudha. Rabbiin dhiisanii Sheekh Huseeniin naabirmadhu jechuun *"shirkii"* akka tahe beekkamaadha. Akkasuma namtichi Baaroo kana jedhu "Rabbii keessanii jedhaa koottaati nalaala" jechaa jira. Sheekh Huseen akka nama jiruutitii bakka inni jirutti isa bira dhaqee akka isa laalu barbaade. Kun nama du'e irraa waan hin danda'amne tahuun shakkii hin qabu.

- *"Allaa maraan Aaabbiyyoo*
  Xaqallalii kiyyahoo
  Xaqallalii ixi hajaa kiyyahoo"

"*Allaa maraam*" jechuun jecha afaan Arabaa *"Allaahuma irham"* jechuu irraa kan jijjiirameedha. Kana jechuun: yaa Allaah Abbiiyoo (Sh/Huseenii) rahmata godhi. Ati kan hajaa namaa walitti qabdu waan taateef hajaa tiyya walitti qabii naafixi. Hajaa namaa kan fixi nama du'ee qabrii keessa jiru tahuun nimalaa

- Waahee Karaamaa (mujiizaa) isaatis yoo dubbatan:
  "Logomoon eebbisaniitii, Lodoodoon abaaraniitii
  Logomoo Sa'a qaleefi saani ka'ee elmameefii".

Akka isaan himanitti; Sh/Huseen yeroo karaa deeman namoota Logomoo fi Lodoodo jedhaman bira goranii keessummeessaa gaafannaan; Lodoodo keessummeessuu didee abaaramee dhagaa tahee achumatti gogee hafe. Logomo immoo Sa'a tokkicha kan ameessa tahe (aanessa) qaba. Isuma san qaleefii cinaa isaa hanbise, cinaan hafe sun ganama yoo ka'an qaama guutuu tahee nafseen isaatis itti deebitee Logoemo elmatuu danda'e jedhan. Saani qalame deebi'ee jiraatee yoo kan elmamuu danda'u taate me isinuu murteessaa.

Dhanqee (Ulee Sh/Huseen)

Warroonni Muuda deeman ulee "Dhanqee" jedhamtee beekkamtu qabatanii deeman. Dhanqeen kan irraa hojjatamtu; muka qaldhaa damee lama qabu jiidhaa isaa muranii gara bitaa fi mirgatti hidhuun yoo akkasitti goge Dhanqee taha. Jala isaatittis sibiila "Masaraaxa" jedhamu itti godhanii dhadhaabataatiin deeman, namoota Muuda hinjaalannes ittiin sodaachisuuf ittiin gargaaraman.

Dhanqeen worroota isii qabatu biratti akka muka biraatitti kan ilaalamtu osoo hin taane, akka waan barakaa guddaa qabduuttii yaadan. Warroonni kunniin Dhanqeedhaan "Ulee Bahara Baalee[103]" jedhanii yaaman. Baaroo yoo baasanis sadarkaa isii olkaasuudhaan akkana jedhan:

"Ulee Bahra Baalee gariin muka seha
Dhadhaabatee gariin Arabaanuu ce'a"

Kana jechuun akka doonii yaabbatuun Bahra ce'anii Araba (Hajjii) dhaqan sanittii, Ulee Sheek Huseen tanallee qabatanii bishaan

[103] Bahra (baara) jechuun jecha afaan Arabaa yoo tahu, hiikni isaa ganaana jechuudha. Nama beekumsi isaa akka galaanaa guddaa tahe jechutu itti barbaadama.

gubbaa bahaniin jechuudha. Garuu haga ammaatitti nama Ulee tana qabatee Bahra gubbaa bahe hin argine.



Qabannaa fi uffaannaa warra Fuqraa[104]

Wareegama ummanni Oromoo Islaamummaaf godhaa ture

Ummanni Orommoo erga amantii Islaamaa qabatee amantii Islaamaatiif aarsaa guddaa fi woreegama hangana hin jedhamne godhaa ture. Waan qaban hundaan amantiin kaddamaa (tajaajilaa) turan. Amantii Islaamaa facaasuu (babaldhisuu) keessattis gahee guddaa qaban. Ulamaa'ota diinii Islaamaa barsiisan kabajaa fi jaalala guddaan ufitti qabanii qubsiisuu fi muta'allimoota (barattoota) isaanii kan biyya irraa fagaatanii baratan ofitti qabanii maatii isaanii woliin horatuudhaan akka barumsi amantii Islaamaa baratamu taasisanii jiran. Haala kanaan barattoota Islaamaa barsiiuun kun isa ummata keenna biratti Qaryaa[105] (nafaqaa) jedhamee beekkamuudha.

Woreegamni ummanni Oromoo amantii Islaamaatiif godhaa ture guddaadha; dubbatamee kan dhumuu miti. Osoo woreegamni ummata

---

[104] Akkuma suuraa irraa muldhatutti: ***Dhanqee, Tasbee, Guraadee fi halangeen*** qabannaa fi uffannaa isaaniitin addaan hin bahu.

[105] Qaryaa (nafaqaa) jechuun namni Muslima tahe Muta'allima (barataa diinii Islaamaa) tokko maatii isaatitti dabalee isaanuma waliin nyaataa fi dhugaatii isaa danda'ee horachuudha (Muhammad Taaj p:203).

Oromoo amantii Islaamaatiif godhaa turan jiraachuu baatee silaa biyya kana keessatti amantiin Islaamaa bakka tokko hin argatu (gad dhaabatuu hin dandahu) jedhan Dr. Muhammad Taaj kitaaba isaanii Taariiku Ityoophiyaa jedhamu keessatti[106]

Akkuma ummanni Oromoo Amantii Islaatiif woreegama guddaa taasiee Ulamaa'ii Islaamaatiif jaalala guddaa agarsiisaa ture, Rabbiinis jazaa isaanii deebi'uudhaan Ulamaa'ota gurguddaa isaan irraa baasee jira. Ulamaa'ota beekkumsa isaaniitiin ummata Oroomooyyuu bira dabranii addunyaa tajaajilaa turan badhaafamanii jiru. Ulamaa'ota biyya keessa qofaa mitii biyya alaatis gahan argatanii jiran. Ulamaa'ota kanneen keessaa warroota biyya Sa'uud Arabiyaa keessatti (masjida Haramaatti) kitaabota hedduu Allafuu (barreessuu) fi Qur'aanaa fi Hadiisa barsiisun ummata addunyaa tajaajilaa jirantu jira.

Isaan keessaa akka fakkenyaatitti yoo fudhanne kan akka: *Sh/ **Muhammad Aadam Alii (Wolloo)*** kan kitaabota hedduu barreessan dubbachuun nidanda'ama. Kitaabota isaan barreessan keessaa: Sharhii Sunana Al-Nasaa'ii ذخيرة العقبى في شرح المجتبى *(Zakiiratul-Uqbaa fi sharhi Al-Mujtabaa)* kan jedhamu mujallada (jildii) 4٢ kan qabu, Sharhii Ibnu Maajah (مشارق الأنوار الوهاجة ومطالع الأسرار البهاجة في شرح ابن ماجه) , *Qurtatul-ayni Almuhtaaj fi Sharhi Muqaddimatai Muslim bin Al-Hajjaaj* (قرة العين المحتاج في شرح صحيح مسلم ابن الحجاج) *Sharhii Alfiyyaa Al-Suyuuxii* (إسعاف ذوي الوطر بشرح نظم الدرر في علم الأثر), beekumsa Usuula Fiqhii irratti nazmii (walaloo) beytii 3,000 qabduu fi kkf barreessanii jiru.

Akkasumas ***Sh/Muhammad Amiin Abdallaa (Sh/Muhammad Amiin Karroo)*** yoo fudhanne: Tafsiira (hiikkaa) Qur'aanaa حدائق الريح والريحان في روابي علوم القرآن *(Hadaa'iq Arrowhi warreyhaan)* jedhamu

[106] Muhammad Taaj.Taariiku Ityophiyaa p: 145

mujallad 33 kan qabu, Baakuuratul-Janiyyaa(باكورات الجنية (في المصطلح والنحو (Musxalahaa fi Nahwii irratti) مناهل الرجال ومراضع الأطفال على لامية الأفعال Manaahil Arrijaal (sharhii Laamiyatal axfaal) fi kkf fa'a dubbachuun fakkenya gaariidha.

Akkasuma Ulamaa'ota keenya kan maqaan isanii osoo hin tuqamne bira dabruun hin danda'amne keessaa: ***Sh/Muusaa Su'aalaa, Sh/Aadam Caffee, Sh/Ahmad Watar, Sh/Haaji Yuusuf Ciroo, Sh/Haaji Hasan Gammadaa, Dr.Abdushakuur Muhammadamaan, Dr.M/Rashaad Abdullee, Dr.Jeylaan Kadiir, Dr.A/Jaliil Hasan, Dr.Kamaal Galatuu, Dr/Abdallaah Kadiir, Dr/Muhammadtaaj Abdurrahmaan, Sh/Huseen Fadiis, Sh/ Muhammad Haamiddiinii*** fi kkf maqaa isaanii kaasuun nidanda'ama.

Isaan kanneen akka fakkenyaatitti haa kaafnuu malee Ulamaa'onni biraa fakkattonni isaanii heddutu jira. Waahee Ulamaa'ota biyya keenyaa asitti dubbachuun waan nudheeressuuf yoo Rabbi umrii nukaaye yeroo biraa deebinee kan dubbannu taha Inshaa Allah.



Ulamaa'ota beekkamoo tahan keessaa mueraasa

BOQONNAA- 3

MAMAALIKA (SULXAANOTA) ISLAAMAA

(المماليك الإسلامية في الحبشة)

Biyya Habashaa (Ityoophiyaa) keessatti bara dheeraa dura erga Islaamummaan biyya Habashaa seenee jalqabee mootummoota Islaamaa heddutu dhaabbatee (hundeeffame) ture.

Mootummaan Islaamaa tan jalqaba hundeeffamte, "Mamlakatu (mootummaa) Shawaa Al-Islaamiyyaa" (مملكة شوا الإسلامية) jedhamti. Hijraa irraa jaarraa sadaffaa bara 284 Hijraa (896/7 ALA) keessa nama gosa Qureyshaa *"Wuddi Bin Hishaam Al-Makzuumii"* jedhamuun hundeeffamte[107]. Mootummaan tun jaarraa 4 (bara 400) caalaa turtee. Erga isiin kuftee immoo mamlakaa biraa **"Ifaat" (1250 - 1402)** jedhamtutu hundeeffame. Lakkoofsi Muslimootaa fi dacheen isaan irra qubatan baay'annaan mootummoonni Islaamaatis baay'attee torba (7) geettee maqaa *"Xiraazul-Islaam"* (طراز الإسلام) jedhamuun beekkamte.[108]

Sababni maqaa Xiraazul-Islaam kanaan yaamamteef; mootummoonni tunniin qarqara Galaanaa irratti tarree galtee waan argamtuufi[109].

Hayyoonni Ji'ograafii Abul Fidaa'ii (1273 - 1331) fi Ibnu Fadlillaah Al-Umariin kan bara (1548) du'e, Habashaa keessatti mootummoonni Islaamaa 7 akka turan barreessanii jiran.[110] Maqaan mamaalika (mootummoolee) Islaamaa torban tanneenii akka armaan gadiiti:-

1. *Mamlakaa/mootummaa Ifaat* (مملكة إيفات/ أوفات الإسلامية)

---

[107] Dr.Muhammad Taaj, Taariiku Ityoophiyaa p:181

[108] Ibid, p:176

[109] Hasan Makkii, Diraasaatu Ifriiqiyaa, p:81

[110] Islamic History and culture in southern Ethiopia p.131